# KABAJAA GUYYAA YAADANNO GOOTOTAA OROMOO.

Eebla guyyaa gaafa 14/ bara 2013,guyyaan yaadannoo gootowwan Oromoo kutaa New Zealand keessatti.haala gaariin kabajamee/yaadatamee oole.

Akkuma beekamu,Uummatni oromoo Diinota isaa irra Aanee biyya Abbaa isaa Oromiyaa deeffachuuf Qabsoo baroota dheeraaf Adeemsise keessatti Ilmaan isaa Qaqqaalii itti wareegaa as gahee jira.

Kana irraa kan madde, Dhaabni Adda Bilisummaa Oromoo (ABOn) ,Eebilli Kudha Shan (15) Guyyaa Goototaa ta'uun beekamee ogguu wagga-waggaan Miseensota isaa fi Uummata Oromoo biratti akka kabajamee Oolu murteesse.Guyyaan kanis,Gootowwan keenya Haala garaa-garaa keessattii fi bakkeen garaa-garaatti lubbuu isaanii Aarsaa nuuf godhan yaadannee,ammoo kaayyoo isaan itti wareegaman galiin gahuuf hirbuu/waadaa seenne itti haaromfannu ta'uun ifaa dha.

Nuti miseensotiin ABO kutaa New Zealands kessa jiru,guyyaa kana sababeeffachuu-dhaan,Uummata Oromoo magaalaa Welington keessa jiraatan waliin walitti dhufnee sirna miidhagaa tokkoon kabajannee Oolle.

Tartiibni qophii sirnichaas, haasaa Dura ta'aa konyaa Wellington J/Kabbadaa Jeetoon eegalame.Itti Aansuun, HABAABOO yaadannoo gootowwaniif qophaawe cinatti/maddiitti Dargaggoota nama lamaan Dungoon qabsiifamee,Dargaggoonni kunis Maanguddoo irraa Alaabaa ABO fudhachuu-dhaan, Faaruun Alaabaa gamtaan farfatamee.sana boda Wareegamtoota keenya yaadanne.Sirni kunis J/sabatoo Geessisaatiin raawwatame.

Kanatti Aansuudhaanis,wa'ee guyyaa Goototaa kana ilaalchisee dura ta'aan kutaa New Zealand J/Lalisaa Kumalaa ibsa bal'aa kennan jiru.

Haluma kanan sochi QBO biyya keessaa fi biyya Alaa kanatti yeroo amma irraa jiru ilaalchisee MGS fi itti gafatme BBA-ABO J/Gaashuu Lamessa ibis bal'aa kenani jiru. Akuma kanan saganttichi itti fufudhaan Mata duree OROMUMMAA jedhu jalatti J/Taaddasaa Tuujjubaa barumsa quubsaa fi mirqaansaa kan ta'ee kennan jiru.Sana boda mareen bal'aan gaaffiinii fi deebiin godhaame jira.Kana malese guyyaa kana ilalchiise QBOf kan olu gumaacha maallaqaas godhaame jira.

Dhumarratti akkauma aadaa Oromotti sagantaan kun eebba maanguddootiin xumurame.

GOOTWAN OROMOO SEENAAN BARA BARAAN YAADATA!!!!

AKEEKA GOOTOWWAN KEENYA WAREEGAMANIIF BAKKAAN GAHUUF WAADAA KEENYA NI HAAROOMSIINA!!!!!

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!!!!

Injifannoo Ummata Oromoof!!!!!

Qabsawaan ni kufa Qabsoon itti fufa!!!

MISEENSOTAA FI DIGARTOOTA ABO KUTAA NEW ZEALAND !!!!!!!!!